



BEELLAMA ULFAKEE ISA JALQABAA DURA BAKKA KAN DUBARTOOTAATTI

the women's
the royal women's hospital
victoria australia

Beellamakeen DURA tajaajilawwan si barbaachisuu malu qabsiifachuukee mirkaneeffadhu.

Tajaajilawwan itti aanan kunneen qabsiifachuu ni dandeessa:

- hospitala deemsa
- mucaa da'uu barnoota workishooppiiwwan
- kunuunsa daa'imaan tiif kee beellama(s)
- turjumaana.

Tajaajilawwaniif ibsa odeeffannoo ittiin qunnamtu maraaf bakka kan Dubarootaatti fuula marsariitii keessa kanarraa daawwadhu:

www.thewomens.org.au/patients-visitors

Dokotora maatii

Siif, mucaakeefi maatiikeef ogeessa fayyaa waliigalaa/GP (ogeessa waliigalaa ykn doktora maatii) kan beektuufi amantu qabaachuun gaariidha. GP'n kee yeroo ulfakeetiin booda akkasumas kunuunsa fayyaa waliigalaa siifi maatiikeetiif kennuu ni danda'a.

Daftee ulfakee ilaalamuudhaaf GP kee bira deemi

Daftee ulfakee ilaalamuuf, qoratamuufi yeroo yerootti ilaalamuudhaaf GO kee bira deemuu ni dandeessa. GO'n kee kan gochuu danda'u:

- mirkaneessi kee ulfa karaa fincaanii ykn dhiigaa qorannoo
- haasa'a waliin si waa'ee kamiyyu yaaddoowwan ati tarii qabaattu waa'ee kee ulfakee ykn walumaagala fayyaa
- ariyadhum fi qindeessi dursii qoratami fi altiraasaawondii
- waa'ee sirna nyaataafi sochii qaamaa akkasumas gorsa mala jireenyaa biroof si waliinan dubbadha
- yeroo ulfakeetiitti atiifi abbaa warraakee talaallii utaalloo yeroo kamiyyu talaalamaa
- yeroo ulfakeetiitti atiifi abbaan warraakee talaallii qakkee (qufaasisaa) turban 28 irraa kaasaa talalaalamaa

- yoo kan barbaacisu ta'e, akka tamboo xuuxuu dhiistuufi dhimmoota alkooliidhaaf ashiishii dhaabduuf sin gargaara
- Kan uumamaa ykn filannoowwan wallaansaa dabalatee, yeroo ulfa jirtutti wallaansi siif taasifamu naga qabeessa ta'u isaa mirkaneeffadhu
- akka kunuunsa dhibamtuu dubartootaa tokkootti kunuunsa ulfakeetii siif dhiyeessuu yoo kan danda'an ta'e si waliinan dubbadha.

GP'n kee qorannoowwan itti aanan ajajuu danda'a:

- qorannoowwan dhiigaafi fincaanii
- qorannoo fiikee gadameessaa sakatta'uu (yoo yeroonkee ga'eera ta'e, kun ulfa kessatti karaa naga qabeessa ta'een ni gaggeeffama)
- Qorannoowwan warra sanyiirraa dhufee
- altiraasaawondiiwwan.

Yaaddoo jiru kamiyyu doktorakeetti himi.

Qorannoowwan warra sanyiirraa Dhufe Sakatta'uu dhufee

Daa'imman hedduun nagaan kan dhalatanu yeroo ta'u, yaaddoon rakkooowwan mudachuun ammo yeroo hunda ni jiraata. Qorannoo sakkatta'insaa taasifachuun fedhakeefi abbaa manaakeeti.

Waa'ee qorannoowwan sakkatta'insaa irratti odeeffannoo dabalataaf:

- Waa'ee isa sanyiirraa dhufee qoratamuudhaaf doktorakee waliin dubbadhu
- Odeeffannoo bal'ina qabuuf dabalataaf marsariitii keenya ilaali: www.thewomens.org.au
- Tajaajilawwan Genetic Counselling Bakka Kan Dubarootaatti www.vcgs.org.au/

Altiraasaawondii

Haala guddina daa'ima iaanii ilaaluudhaaf dubartoonni hunduu torbeewwan 19fi 22 gidduutti altiraasaawondii akka ilaalamani ni gorsina. Kana doktorri naannoo hawaasicha keessatti siif mijeessuun irra jira.

Bakka kan Dubartootaatti beellamakee isa duraa

Yeroo ulfikee torbeewwwan 16fi 18 gidduu jirutti Hospitaala Dubartootaa kanatti beellamakee isa jalqabaa siif qabuuf karoora qabna.

Maaltu fidamuu qaba:

- galagalcha bu'a qorannoowwan dhiigaa, fincaaniifi altiraasaawondii hunda (qorannoo sakkatta'insa sanyii dabalatee) GP kee waliin taasifaman
- Kaardii Medicare fi Kaardii Kunuunsa Fayyaa (yoo tokkoosaa kan qabdu taate)
- beellamakee xalayaa mirkaneessu
- odeeffannoo ittiin doktorakee qunnaman
- yoo kan biyya alaarraa dhuftu taate, ibsa inshuraansii fayyaa dhuunfaakeetiifi paaspoortiikkee fiduun sirraa eegama.

Bakka odeeffannoo dabalataa irraa argattu

Wiiirtuu Simannaa Dubartootaa (Women's Welcome Centre)

T: (03) 8345 3037 or 1800 442 007
(toora bilbila baadiyyaa)

Hospitaala Dubartootaatti Tajaajilawwan Afaanii

T: (03) 8345 3054 (Turjumaana qopheessisiifachuuf)

Fuula Marsariitii Hospitaala Dubartootaa irraa
odeeffannoon waa'ee ulfaafi barruuwwan
odeessaalee qaban ni jiraatu:
www.thewomens.org.au

MIRKANEFFANNAA Baxxeen/unki raga kun odeeffanno waliigalaa qofa qaba. Waa'ee daa'imekeetii ykn fedhiwwan kunuunsa fayaakeetii gorsa addaatif, ogeessa fayaakeetiirraa argachuu qabda. Hospitaalli Dubartootaa Royal ogeessa fayyaa bira deemuurra raga baxxeen/unka kanarra jiru irratti hundaa'uudhaan rakkoo qaqqabu ykn miidhaa uumamuu maluuf itti gaafatamummaa tokkollee hin fudhatu Yoo ati ykn daa'imeekie wallaansa fayyaa attattamaa kan barbaadu ta'e, kutaa wallaansa balaa tasaa sitti dhiyoo jiruu qunnamii
© The Royal Women's Hospital 2018